Oromo

# Mana Barumsa oolma daa'immanii dursanii jalqabuu baqattootaa fi barbaaddota maxxantummaatiif



## Manni Barnoota oolmaa daa'immanii maaliif barbaachisaa?

Manni barnoota oolmaa daa'immanii ijoolleen mana barnootaa fi jireenya isaanii kessatti milkaa'uudhaaf akka qophaa'aniif isaan gargaara. Mana barnoota oolmaa daa'immanii keessatti daa'imman waayee afaanii, lakkoofsota fi tartiibotaa barachuuf taphatti fayyadamu. Akkaataa itti namoota biroo waliin walitti dhufan, waliif qoodan, wal-dhaggeeffataniifii, miirawwan isaanii to'atan barachuuf isaan gargaara. Barsiisonni daa'imman gaafattoota, kalaqtoota, fi waa'ee barachuu kan ofitti amanamummaa qaban akka ta'an ni gargaaru. Qorannoon akka agarsiisutti manni barnoota oolmaa daa'immanii waggoota lamaa kan waggaa tokkoo irra ni caala.

## Mana barnoota oolmaa daa'immanii dursanii eegaluun maalii?

Manni barnoota oolmaa daa'immanii dursee jalqabu daa'imman umurii waggaa sadii kanneen baqataa yookan barbaadaa maxxantummaa irraa dhufaniif torbanitti barnoota mana barnoota oolmaa daa'immanii sa'aatii 15 bilisaan yookan gatii gadi aanaa ta'een ni kenna.

Iyyannoowwan mana barnoota oolmaa daa'immanii dursee jalqabuu mana barnootaa oolmaa daa'immaniitiin raawwatama. Kaffaltiin mana barnoota oolmaa daa'immanii dursee jalqabuu kallattiidhumaan mana barnoota oolmaa da'immaniitiif kaffalama.

## Daa'imti koo ulaagaa ni guutaa?

Isin yookan daa'imti keessan yoo kanneen armaan gadii taatan daa'imti keessaan ulaagaa ni guuta:

- Viisaa baqataa yookan namoomaa yoo qabaattan, yookan
- Viisaa baqataa yookan namoomaatiif iyyachaa yoo jiraattan
- Kaardii ImmiCard ammaa yookan kan yeroo isaa darbe yoo qabaattan.

Kanneen keessaa kamiiyyuu hojii irraa ooluu baannaan akkasumas isin yookan daa'imti keessan baqataa yookan maxxantummaa barbaadaa yoo taatan yooka muuxannoowwan walfakkaata yoo qabaattan daa'imti keessan ammallee ulaagaa guutuu ni danda'a.

Waa'ee keessa baasuu gaafachuuf Qajeelcha Barnootaa fi Waajjira Leenjii naannoo keessanii gaafadhaa. Ogeessa akka isin qajelcha qunnamtan isin garagaru kamiiyyuu gaafachuu ni dandeessu.





## Daa’ima koo akkamittan itti galmeessaa?

Manni barnoota oolmaa daa’immanii dursee eegaluu barsiisaa gahumsa qabu waliin sagantaawwan mana barnoota oolmaa daa’immanii hundumaa keessa ni jira. Mana barnoota oolma daa’immanii isin yookan mana marii keessan cinaatti argamu qunnamuun daa’ima keessan galmeessuu ni dandeessu.

Nama afaan hiiku yoo barabaddan mana barnoota oolmaa daa’immanichaatti himaa. Tajaajilawwan turjubaana afaanii karaa bilbilaa bilisaan fayyadamuu ni danda’u.

Galmaa'uudhaaf gargaarsa yoo barbaaddan Qajeelcha Barnootaa fi Leenjii yookan ogeessaa isin gargaaru kamiiyyuu kan akka armaan gadii gaafachuu ni dandeesu:

- Hojjetaa deeggarsaa
- Hojjetaa aadaa garaagaraa
- Narsii fayyaa haadha deessee fi daa’ima dhalatee
- Mijeessaa iddoo taphaa deeggarame.

## Daa’imti koo gara mana barnoota oolmaa daa’immanii waggaa afuriitti deemuu qabaa?

Eeyyee. Mana barnoota olmaa daa’immanii dursee eegaluun booddee daa’imti keessan mana barnoota oolmaa daa’immanii waggaa afurii bilisaan yookan gatii gadii anaatiin argachuuf ulaagaa ni guuta. Kunis ciminawwan isaanii ijaaruu akka itti fufan isaan garagara.



### Waa’ee mana barnoota oolmaa daa’immanii dursanii eegaluu irratti odeeffannoo dabalataa eessattan argadhaa?

- education.vic.gov.au daawwachuudhaan Early Start Kindergarten jechuudhaan barbaadaa, yookin
- Waajira Mummee Barnootaa fi Leenjii naannoo keessaniif bilibilaa.

### Qunnamtiiwwan waajira naannoo

| Waajira Naannoo | Iddoo |
|---|---|
| Kaaba-baha Viktoria<br>(North Eastern Victoria)<br>**1300 333 231** | Benalla<br>Wodonga<br>Wangaratta<br>Seymour<br>Shepparton<br>Glen Waverly |
| Kaaba-Lixaa Viktoria<br>(North-western Victoria)<br>**1300 338 691** | Bendigo<br>Mildura<br>Swan Hill<br>Coburg<br>Greensborough |
| Kibba-baha Viktoria<br>(South-east Victoria)<br>**1300 338 738** | Moe<br>Leongatha<br>Warragul<br>Sale<br>Cheltenham<br>Frankston<br>Dandenong |
| Kibba-lixa Victoria<br>(South-western Victoria)<br>**1300 333 232** | Ararat<br>Ballarat<br>Geelong<br>Horsham<br>Warrnambool<br>Footscray<br>Keilor |

Afaan keessaniin gargaarsa aragachuuf:

- Tajaajila Hiikaa Afaanii fi Turjumaanaa Biyyoolessatiif 131 450 irratti bilbilaa
- Hiikaan afaanii lakkoofsa naannoo keessaniitiif akka bilbilu gaafadhaa(armaan oli ilaalaa)
- Namni afaan hiiku sun bilbila irra turuudhaan ni hiika.

KINDERGARTEN
Victorian Government Approved

Department of Education and Training (Muummee Barnootaa fi Leenjii) tiin kan maxxanfame, Melbourne Waxabajjii 2021 (kan irra deebi'ame)
© State of Victoria
21-052